ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير اورومو

Sadaasa 8, 2009

Ibsa Waajjira Koree Yeroo ABO irraa kenname.

KY-ABO Gurmuu qabsaa'ota Oromoo bifa gara garaan faca'e deebisee itichuuf waggaa tokkoo ol irratti hojjataa ture. Tattaaffii kanaanis Guyyaa 31/10/2009tti dhaabonnii fi gurmuuleen 5 maqaa ABO, alaabaa, asxaa ABO fi akeeka walabummaa Oromiyaa fi Bilisummaa Oromoo irratti waliigaluun tarkaanfii seena-qabeessa fudhachuun walitti baqanii tokkoomanii jiru. Kanaanis ABOn hooggansa KY-ABOn durfamu yeroo ammaa dhaaba guddaa fi hawwataa ta'ee muldhachuu jalqabee jira.

Itti fuufinsaan dhaabotaa fi murnoota walitti baqiinsa kanarraa sababa gara garaan hafan waliinis fixachuuf koree duranuu hujii kana milkeessutti utubamteen hujiin itti fuufee jira. Hedduu isaanii waliinis hubannaa guddarra gahaa jirra. Ummanni keenyaa fi miseensi keenna waggaa hedduu faffaca'uu gurmuu qabsaa'otaa fi sabaa akka fayyu barbaadaa fi hawwaa turullee sababa harkifannaa gara garaan hanqachaa akka nuti barbaannu tahuu dhabuun yaaddoo keenna hunda. KY-ABO hujii kana adda durummaan haal duree tokkoon malee dhaabaa fi gurmuulee akkasumas namoota dhunfaas taanaan waliin mari'achaa ture, fuulduras ni mari'ata. Ijjannoon kun kan shiraan deeggaraa fakkaatanii hawwii miseensotaa kararraa maksuuf jedhamu osoo hin taane kan torbaan dura hujiin muldhateedha.

Xumura adeemsa dhaabni keenna ABO itti jiruu fi hujii eebbifamaa muldhisaa jirru kana ammas gara kuteenyaan wareegama kamuu nu gaafatus kan itti fuufnu ta'uu fi yaadaa fi hawwii akkasumas dheebuu WBO Zoonii Kibbaa tokkummaa ABO fi Oromoof qabachurraa akka yaada isaa dhaabni deeggaru gaafate kana waggaa tokko guutuu kan itti hojjachaa jirru tahuu hubachuun deeggarsa qabnuuf ibsuu barbaanna. Waraanni, miseensii fi deeggaraan keenna bu'aa haga hardhaa argame adda durummaan kan fide waan ta'eef bakka jirtan hundatti milkiilee hafan akka shaffisaan galma gahanii fi hawwitoota faca'uu keenyaa eegan mara qaanfachiisuun akka fuulduratti arreeddan dhaamna.

Injifannoo Ummata Oromoof!

Gadaan Gadaa Jijjiiramaa fi Injifannoo ti!

WKY-ABO